Latest update: 26/07/20 01:00

Charity 1067406

VAAYIRASII KOROONAA

Reference: DotW, 2020. *Coronavirus (COVID-19) Guidance* [online]. Website: https://www.doctorsoftheworld.org.uk/coronavirus-information/

COVID-19 INFOGRAPHICS

COVID-19 n dhukkuba haaraa kan ujummoo qilleensaa somba keessanii fi qaamolee biro hubuu danda'u dha.

Kunis vaayirasii 'Coronavirus' jedhamuu irraa dhufa.

Mallattoo

Ho'ina qaamaa ol ka'aa (>38°C)

Qufaa wal-irraa hin cinne, haaraa

Miira dhandhamachuu yookan urgeefachuu keessan yoo dhabdan yookiin yoo jijiirama argitan (aasmii)

Mallattoo yoo qabaatte maal goota?

TARTIIBA KANA BATTALUMAN HORDOFUU QABDA:

1. ADDA OF BAASII

Yoo xiqqaate guyyaa 10f mana turri

Namni maatii keessan keessa jiru yookiin kan si waliin qunnamtii dhi'oo qabachuu turee kamiiyuu guyyaa 10f adda of bassuu qaba.

2. VAAYRASII KOROONAAF QORATAMII guyyaa mallattoon irratti argame kaasee guyyoota shanan jalqaba keessaatti:

QORATAMUUF KARAA 2 TU JIRA:

Qorannoon bakka jirattutti geessifamu

yookin gara saayitii qorannoo deemuu ni dandeessa

Qorannoo qabachudhaf yookin ajajudhaf toora oonlaayinii kana dawwadha www.nhs.uk/ask-for-a-coronavirus-test

Yoo toora interneetii hin qabaanne, Ingilizii, Weelsii fi Ayirlaandii Kaabaa keessatti gara 119 bilbili ykn Iskootilaandi keessatti gara 0800 028 2816 bilbili.

Bu'aan qorannoo yoo

POOZATIVII TA'E

- haftee qofaatti adda of bassuu guyyoota kurnan kee xumuruu qabda
- Tajaajilli faanadhooftuu naannoo kee jiru hawaasa keessatti tamsa'ina vaayirasichaa dhaabuuf gargaarsa kee gafachuuf si quunnama.

NEGATIVII TA'E

- Yoo miira gaarii qabaatte fi kana booda mallattoo hin qabaanne ta'e adda of bassuu dhabuu dandeessa.
- Akkasumas miseensonni maatii keetii kan birro yookiin kan si waliin qunnamtii dhi'oo qaban adda of bassuu dhabuu danda'u.